Informasjon til deg som har fått beskjed om å holde deg hjemme
Språk: Oromo

Opprettet: 03/2020 Oppdatert: 16.06.20

Namoota iddoo tursiisaa akka turan yookan mana keessatti kophaatti akka bahan itti himame hundaaf

Namoonni hedduun kan Vaayirasii koroonaa (COVID-19)tin qabaman mallattoolee sassalphaa agarsiisu, garuu namootni muraasni baayyee dhukkubsachuu danda'u. Kanaafidha biyyattii guutummaa keessatti tatamsa'ina dhukkubichaa too'achuuf kan yaalaa jirruuf. Namoonni muraasni doktoroota isaanitiin akka mana turan gaafatamanii jiru.

- Namni COVID-19 qabamuun isaa mirkanaa'e kamiyyuu dirqama adeemsa 'manatti kophaa of baasuu' jedhamuun namoota biro irraa kophaatti of baasuu qaba.
- Namni COVID-19 qabamuun isaa hin mirkanaa'in, kan weerarichaaf garuu saaxila bahee jiru kamiyyuu, gara 'iddoo tursiisaatti' deemuu qaba.
- Namoonni biyyoota biro irraa gara Norway dhufanis dirqama gara 'iddoo tursiisaa' tii deemuu qabu.

'Mana keessatti kophaa of baasuu' jechuun maal jechuudha?
Yoo doktorri COVID-19 qabaachuu kee sitti hime yookan bu'aa qorannoo keetii eegaa jirta yoo ta'e, namoota biraatti daddabarsuu akka hin dandeenyeef qunnamtii namoota kamiituu addaan kutuu qabu.

Mana keessatti kophaa of baasuu jechuun namoota kam irraayyuu kophaatti of baasta jechuudha, namoota wajjiin jiraattus dabalatee. Dirqama gara alaatti bahuu hin qabdu, kutaa keessatti kophaa kee turuu qabda, kutaa keessatti soorachuu qabda akkasumas uffata namoota biro wajjiin hirmaachuu hin qabdu.

Haalli kee sitti cimeera taanan, doktora karaa bilbila 116 117 qunnami. Doktorri akkasumas hospitaala keessatti akka kophaa baatu murteessuu danda'a. Kophatti bahiinsi hanga doktorri kee doktorri weerarichaaf bilisa ta'uu kee siif himutti yookan bu'aan qorannoo keetii kana booda COVID-19 qabaachuu dhabuu kee agarsiisanitti ni tura

'Iddoo tusriisa' jechuun maal jechuudha?
Doktorri yoo akka hin dhukkubsatin sitti hime, garuu weerarichaaf saaxil baateerta yoo ta'e, dirqama gara 'iddoo tursiisaa' deemuu qabda. Biyyoota biro irraa gara Norway dhufaa jirta taananis haaluma wal fakkaataatu hojirra oola. Mana yookan iddoo mijataa biraa turuu qabda, garuun iddoon tursisaa akka kophaatti of baasuu hin cimu.

Informasjon til deg som har fått beskjed om å holde deg hjemme
Språk: Oromo

Opprettet: 03/2020 Oppdatert: 16.06.20

Norwegian Institute of Public Health

Iddoo tursiisaa jechuun hanga danda'ameen namoota biro wajjiin qunnamtii ni hir'ista jechuudha, Garuu guutumaa guututti kophaa of baasta jechuudhaa miti. Gara mana barnootaa yookan hojii deemuu hin qabdu, akkasumas hojiilee biraatis. Geejiba hawaasaa(konkolaataa, kan lafa jalaa, baabura, qilleensa yookan kortuu) fayyadamuu hin qabdu, garuu miilla keetin adeemuu ni dandeessa.

Qufa'uu yoo jalqabde, kulkula kokkee yookaan hoo'a yoo qabaatte yookan hargansuu irratti rakkoo yoo qabaatte, bilbilaan 116 117 irratti doktora qunnamuutu sirra jira. Qorannoon COVID-19 Norway keessatti bilisa.

Erga gara Norway dhuftee booda, iddoon tursiisaa guyyoota 10f tura yookan saaxilbahiinsa weeraraa dhiyeenyaa yoo qabaatte.

Of Haaromsa!

Mootummaan Norway namoonni odeeffannoo fii gorsa waa'ee vaayirasii koroonaa barbaachisoo ta'an www.fhi.no fii www.helsenorge.no irratti kennaman akka dubbisan ni ajaja. Gorsi kuni jijjiiramuu ni danda'a. Odeeffannichi Noorweejiyaanii fii Ingiliffaan lamaaninuu ni argama. Wanti hin hubatin sitti ulfaatu yoo jiraate, maaloo nama beektu akka si gargaaruuf gaafadhu.